Talaallii

COVID-19 Daa'immaniif

AMMA DAA'IMMAN JI'A 6 FI ISAA OL TA'ANIIF NI

Talaalliwwan daa'immaniif naga-qabeessodha.

Talaalliiwwan COVID-19 eeyyamamuu isaanitiin dura, naga-qabeessaa fi bu'a-qabeessa ta'uu isaanii mirkaneessuf daa'imman kumaatamaan lakkaa'aman irratti tarkaanfiiwwan talaalliiwwan hundi hordofuu qaban fayyadamuun madaalamaniiru.

Daa'imman talaalchisuun COVID-19 irraa isaan eega

Talaallichi daa'imman sababa COVID-19'n akka malee akka hin dhukkubsanne yookan rakkoo fayyaa yeroo dheeraa akka hin qabaanne gochuuf karaa hundarra gaarii ta'eedha. Hordoffiin nageenyummaa itti fufee jiru, talaalliiwwan COVID-19 daa'immaniif naga-qabeessa akka ta'an agarsiisa.

Doozin talaallii COVID-19 adda ta'etu daa'immaniif kennama.

Doozin talaallii COVID-19 umurii daa'ima keessanii guyyaa talaallii irratti hundaa'udhaani malee guddina yookan ulfaatina qaamaa irratti hundaa'udhaanii miti. Daa'imman doozii talaallii COVID-19 dargaggootaa fi ga'eessotaa caalaa xiqqaa ta'e kan fudhatan yoo ta'u, kunis hamma garee umurii isaaniif sirrii ta'eedha.

Daa'imman talaallii COVID-19 erga fudhatanii booda miidhaawwan masoo qabaachuu malu.

Miidhaawwan masoo dandeettii daa'imni keessan sochiilee guyyaa guyyaa ittiin raawwatu irratti dhiibbaa uumuu malu. Yeroo baay'ee salphaa waan ta'aniif, guyyoota muraasa keessatti baduu qabu.

Daa'imman tokko tokko miidhaa masoo hin qaban.

Daa'imman yeroo walfakkaataa talaallii COVID-19 fudhatanitti, talaalliiwwan biroo nagaadhan talaallamuu danda'u.

Talaallii COVID-19 talaallamuun, talaalliiwwan idilee biroo talaallamuudhan wal fakkaata. Daa'imni keessan talaallii COVID-19 fi talaallii infuleenzaa dabalatee, talaallii biroo yeroo wal fakkaatutti talaallamuu mala.

Daa'imman duraan COVID-19 qabanillee talaallii fudhachuu qabu. Erga infeekshinii COVID-19 dhan qabaman boodallee, daa'imman sana booda talaallaman vaayirasicha irraa eegumsa dabalataa argachuu qabu.

Yoo gaaffii qabaattan, ogeessa fayyaa daa'ima keessanii gaafadhaa.

Kiliinika talaallii COVID-19 barbaadaa.
www.tchd.org/COVIDVaccine

720-200-1445
covidinfo@tchd.org.

Tri-County Health Department
Serving Adams, Arapahoe and Douglas Counties